
DEPARTMENT OF HEALTH

# Qajeelfama Qorannaa Fayyaa Koolu-galtummaa Keessan

**BAGA NAGAAN GARA MINESOOTAA DHUFTAN**

## Qorannaan Fayyaa Koolu-galtummaa Keessan Maali?



Qorannaa Fayyaa Koolu-galtummaa Yunaayitid Isteetis keessatti tarkaanfii kunuunsa fayyaa keessan isa jalqabaati. Kaayyoon keenya wal'aansa dhibee fayyaa keessanii argachuu fi dhaqqabamummaa dookteraa (dhiheessaa kunuunsa sadarkaa jalqabaa jedhamuun beekamu), dookteroota ispeeshaalistii, fi ajajawwan qorichaa akka argattan taasisuudha. Dhiheessaa kunuunsa jalqabaa jechuun kilinika ykn dooktera yeroo yeroon isin ilaalu, keessumaa immoo wal'aansa yoo isin barbaachise ykn isin dhukkube kan isin wal'aanudha. Yoo barbaachisaa ta'e, gara dooktera yaala addaatti isin erguu danda'u.

Baqattoonni, koolu-galtoonni, miidhamtoonni daddabrsa namoota seeraan alaa, baqattoonni Kuubaa fi Haayitii, miseensonni hojii namoomaa, akkasumas Viizaa Baqattoota Addaa (SIV) kanneen ta'an hundinuu Qorannoo Fayyaa Koolu-galtootaa gochuu ni danda'u. Daawwannaawwan kunniin, daa'imman, ijoollee, fi ga'eessota dabalatee sadarkaalee umurii hundaaf ni jira.

Qorannoon Fayyaa Koolu-galtootaa kun dooktera wal'aansa fayyaa namoota haaraa dhufaniif kennuuf leenji'aniin deddeebiiwwan tokko ykn lama kilinikatti ni kennama. Kanneen armaan gadii dabalata:

- Seenaawwan yaala fayyaa keessan keessa deebi'uun xiinxaluu fi qorannaawwan fayyaa ilaaluu
- Qorannaa fayyaa walii gala
- Qorannoowwan dhukkubaa
- Talaalliiwwan

Guyyaa Minesootaa seentan irraa kaastanii guyyoota 90 keessatti Qorannaa Fayyaa Koolu-galtootaa raawwachuu qabdu. Hiikaa afaanii yoo isin barbaachise, kilinikichi isiniif dhiheessa. Qorannicha keessaa wanti isin hin barbaanne yoo jiraate, gochuuf hin dirqamtan.

## Kun qorannaa ani biyya biraatti godhadhe irraa maaltu adda taasisa?

Qorannaan fayyaa isin biyya alaatti taasistan dhukkuboota U.S seenuu isin dhorkan qofa irratti xiyyeeffachuun taasifamu, dhukkuboota hin yaalamiinii fi salphumatti namatti daddarban (fkn daranyoo sombaa), rakkoowwan fayyaa sammuu amala balaafamoo qaban kan deddeebi'ee mudatu (fkn hookkaraan kan wal qabatu) ykn araada qorichoota sammuu nama hadoochanii fa'a irratti xiyyeeffata.

## Bu'aan qorannaa kanaa haala baqattummaa koo irratti dhiibbaa fidu ni qabaa?

Lakkii. Qorannoon Fayyaa Koolu-galtummaa fayyummaa keessan mirkaneessuu irraa kan hafe haala koolu-galtummaa keessan irratti dhiibbaa fidu tokkoyyuu hin qabu.

## Qorannaa Fayyaa Koolu-galtummaa enyutu kaffala?

Baasii Qorannaa Fayyaa Koolu-galtummaa Keessan Inshuraansiitu kaffala. Kilinika deemuu keessan dura inshuraansii fayyaaf iyyachuutu isin irra jiraata. Bulchaa dhimmaa qabdu taanaan, iyyachuuf isin gargaaru. Bulchaa dhimmaa hin qabdan taanaan, barbaadaa irraa karaa armaan gadii iyyaticha galchachuu dandeessu MNsure Assister Directory (https://www.mnsure.org/help/find-assister/find-assister.jsp).

## Beellama Qorannaa Fayyaa Koolu-galtummaa akkamittin qabadha?

Bulchaa dhimmaa qabdu taanaan, beellama Qorannaa Fayyaa Koolu-galtummaa isiniif mijeessuu danda'u. Bulchaa dhimmaa hin qabdan taanaan, maaloo unka Riferaala Beeksisaa Namoota Haaraa Dhufan fi Calallii jedhu guutuun deggersa Qorannaa Fayyaa Koolu-galtummaa gaafadhaa (https://redcap.health.state.mn.us/redcap/surveys/?s=YYFDEH9R4JMW44W4). Sana booda ejensiin fayyaa hawaasaa naannoo keessan jiran bilbiluun beellama Qorannaa Fayyaa Koolu-galtummaa isiniif qaba.

## Qorannaa Fayyaa Koolu-galtummaa kiyyaaf akkamittan qopha'a?

Guyyaa beellama qorannaa keessanii, kanneen armaan gadii qabadhaa dhiyaadhaa:











- Korojoo IOM (Dhaabbata Baqattoota Addunyaa) kan ragaalee qorannoo fayyaa fi raajii qomaa biyya alaatti taasistan hunda ofkeessatti qabate
- Galmeewwan talaallii
- Galmeewwan yaala kan biroo
- Qorichoota fayyadamtan hundayyuu
- Yoo qabaattaniif kaardii inshuraansii fayyaa keessan

Beellamni Qorannoo Fayyaa Koolu-galtummaa sa'atiiwwan dheeraa fudhachuu mala. Beellama keessan dura soorata soradhaa.

**Gaaffilee? Bulchaa dhimma ejensii simannaa keessan YKN Muummee Fayyaa Minesootaatti Sagantaa Fayyaa Koolu-galtoota karaa lakkoofsa 651-201-5414 ykn refugeehealth@state.mn.us.**

Muummee Fayyaa Minesootaatti
Sagantaa Fayyaa Koolu-galtootaa
L.S.Poostaa 64975
St. Paul, MN 55164-0975
refugeehealth@state.mn.us
www.health.state.mn.us/refugee

10/09/24 (Oromo)

*Odeeffannoo kana bifa biraadhaan argachuuf asirratti bilbilaa 651-201-5414.*